# 20. WAARO WOYUMA / GUYYA HARAARA

## Bahiisa 25-29, 34-40; Lawi 1-10, 16, 17

Eegi gumiin Israeli Korma Worqii waaqefachu lakkifte Waaqa araarfate isaati deebite, Waaqi akka worri isaa Waaro Woyuma ijaaru worra beesise. Gumiin waan feesisa kha akka worqii, qarsii, woyaafi faaya gati gudaa d'iyeesani. Qajeelumsa Waaqi Musa kenne gula waaro woyyuma suni ijaaruni ganna tokko guutu fud'ate.

*Bifa Waaro Woyuma:*

Waaron woyuma waaro gugurdo ta woyya paasia baballoon jidduti gargari kutan. Gara keesani, Fula Qulqulloti jira ta wonti sadi kees jirtu: Waan ifseeni torba irra ejaanjitu, ka worqiini mid'aasani, mesa worqiini mid'aasan kha qitaan kudani lama kha bukho hinqamne gubba jiru-- inni chufti kha gosa kudani lamaan Israeliti, fula sorio iti baasani ta worqiin mid'aasan ta halkaniifi guyyaalle hit'aana irra bobabu.

Man keesa kha woyaan gollani, Fula Chufa irra Qulqulloo, Sanduqa Wold'aqiisati jira, kha Musani akka Waaqi qajeelche gula ijaare. Sanduuqa Wold'aqiisa suni keesa d'akhaye lama ta Seera Kudannan qabduuti jira. Gubbati bifa maleekota lama ta khoola baballifate fuula woltideefate ejaanjitu ta worqi qulqullitiin mid'aasaniti jira. Duuba Waaqi waaro woyuma suni keesati kara mamaatini gumi isaati mullate, ifsee khoola maleekota suni jidduni jabdu ifsituuni.

Waaro suni dura fula guddo ta sorio iraati Waaqaa baasaniiti jira. Ammalle fula qaaloleeni ato sorio himbaamne harkaafi miilalle iti d'iqatuuti jira.

Wonti ch'ufti waan guddo mid'aaga kha ammalle qulqulLutui. Waaqi waan jed'e, yo qaalole male, nami d'ibiin waan qulqullo suni harkaan qabate, nami suni induaa. D'aatu waaro suni dalla woyaa kha mukhaan ijaaraniti jira.

Jennaani Waaqi akka Musani oboleesa isa Haruni akka Qallu Guddaa eebise, ilmaan isalle akka qaalole isa jala eebisu qajeelche. Akkasuma d'aLutua Levi akka worri Waaro Woyuma kees hojjatani ammalle guyya godaanna baatani deemaniini.

*Akka Soorio Baasani:*

Diiramaafi galgala chufa qaaloleeni ilme oola ta qit'ooma qabdu ijeesani fula sorio iraati baasani iraati gubani. Worri ammalle Fula Qulqullo seenani Waaqa duraati hit'aanafi ibse bobeesani. Nami chubbu hojjate seera Waaqa ch'abse chufti ilme oolatini d'ufe. Duuba qaaluni hori khaani sorio baase diiga isa fula sorio iti baasan suniiti jissa. Tanaafi Waaqi, "Fooni diiga qaba hinyaatina maan jenaani jireenni diiga kees jira. Anini isani ajaja akka isani marro jireenna keesaniitifi sorio baaftan" jed'e.

Sorio akka akaati jira, ammo horiini Waaqi akka soorio baasan eeyamu kha akka: looni, oola, ree fi sapaliisa. Horiin kunini chufti qit'ooma qabaachu male...fayd'aba fa, waan jaare fa, yokhaan waan haabo qaba tau himmalle...hori chufa irra dansaa tau

male. Yo akkas hintaini sorion sunini fuula Waaqa duraati hinfud'atamtu ammalle chubbuu nama irra hind'ittu. Karaan ch'ubbu namirra d'iqaniini kara Waaqi qajeelche suni ch'allaa.

*Guyya Haraara:*

Ganna keesa guyya tokooti jira kha **Guyya Haraara** jed'aniin, guyya kana soorio adda Waaqaa baasani. Qara fiite, Qaallun Gudaani ree lama filate, tokko qale kaan danqaraati bassa. Eegi suni, Qaaluni Guddaani korma looni Fula Qulqulloti argamiisa Waaqa duraati, akka sorio Waaqaa baasa. Duuba diiga suni worqi Sanduuqa Wold'aqiisa iraati fifit'a. Ammalle, alaati ree lama qala. Golla duuba mare, d'iiga ree kaani akkasuma worqi Sanduuqa Wold'aqiisa irraati fifit'a. Tunini akka chubbu gumii Israeli araaramaniifi. Duuba eegi suni, inni ree jirtu fuud'e. Harka lachu mata irra keeyate, chubbu gumii chufayu afaanin hima. Inni chubbu gumii chufayu mata ree suni irra khaaya. Duuba nami tokko re taani fuud'e lafa aloo fula isiin iti deebite hingalle geese bira gala. Duuba reeni chubbu gumii ufiraati fudate baddiinni.

*Akka Waaqaa ajajamu diddan.*

Ato wonti kunini chufti tatelle, gummiifi ilmaan Haruni lamani ta qaalloleleni durumaati deemte Waaqaa ajajajamu diddani. Worri kha qajeelumsa Waaqa gula hiyaane akkuma mata ufi gula hit'aana aarsani. Duuba Waaqi ibida gubbaa erge waaro woyuma keesati worra d'ae ijeese. Waan worri Waaqa fi qulqulloma isa ulfeesu didaniifi, abba worra Harunille akka inni worra himboonne d'owwani.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Akkamiin dandeete qoommi dansa Waaqa si WOLIIN jiru waliin horata?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-</u>**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, wonti chufti harka isa kees jirti, inni gudda waan chufa moohatu).**

- Waaqi jabeenna ijaarro Waaro Woyumaatin ajaje qaba ammalle inni qajeelumsa jajaaba kenne.
- Waaqi akka Waaro Woyuma jaaraniifi akka sorio baasani ch'ufa inqajeelche.
- Waaqi worra qaallole tae huji man Waaqa kees hojjatulle infilate.

    - **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**

- Inni waan biyyaa feesisa imbeekhe, akka biyyiti isaan woli arguu malte.
- Waaqi akka ch'ubbaleyiin wolaanu jiru imbeekhe. Ammalle fula dansa ch'ubbaaleyi tanaani woli arguu maleelle imbeekhe, fula inni dandae qulqulooma isa worra garsiisu.
- Akka jiraachuufi Inni woraa feesisu Waaqi imbeekhe.

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha d'ugaati, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati chubbuu duisa namaati muru)**
  - Sorioon chufti akka ilmeen nama chubbitii ammale dandeette soorio dansa male Waaqati d'ufu hindandeenne nu barsiisfti. Ammalle akka Waaqi qulqulloo.
  - Waaqi soorio qulqullo qit'oma qabdu gaafate- waan fayd'abaafi haabo tokolle hinqamne.
  - Waaqi waan ijollen Haruni qulqulloma isa tuffate seera h'itaanan aarsani ch'absaniifi Waaqi worra ijeese.
  - Qulqullooma Waaqa akka inni waan qulqulloofi waan qulqullo hintaini gargari baasu iraati argina. Dallaani akka gumiin Israelii akanumaati fula qulqullo hinseenne nama seera. Girgiddaani waaro woyyuma akka qaalloleeni Fula Chufa irra Qulquloo hinseenne worra seera. Worri ganna keessa guyya tokko ch'alla seenani. Gumiini dandeeti fula Waaqa deemtuni hinqabdu. Worri qaallu kara qaalutini Waaqa argatani, kha sorion d'iigatini Waaqafi worra jiddu deemu.
  - Qallun guddaani qara fiit'e marro chubbu isaatifi soorio baase duuba marro gumiitifi baasa.
  - Soorioon akka dansa baasani ta d'iiga jissani. D'iiga waan gati guddo qabaati waan jireenni d'iiga kees jiruufi. Wonti wonti kunini nu qaabsiftu, akka jireenni ilme nama baafama argatu, soriooni bauu malte. Jireenna tokooti kha d'ibii bakka bua.
  - Waan chufayu akkuma Waaqi jed'e tolchani. Akka mata ufi hintolchine.
  - Qulqulloomafi qit'oomi Waaro Woyyuma akka ilmeen nama chubbitii garsiisa.
  - Chubbu gumii horri soorio baasan suniifi kha lafa aLutui bassan suniiti dabarsani.
  - Ree suni gumii Waaqatiin gargari fageesani. Tunini akka chubbu worra worraan gargari fageesan garsiifti.
  - Horii qit'ooma fi fayya qabu cha'allaati akka sorio fud'atamiisa qaba.
  - Qaaluni huji tana hojjatulleni chubbaleyii, ato huji tanaa khopa baasanillee.
  - Worri d'ibiin kha marro huji tanaatifi khopa baasani worra Lawiiti.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
  - Waaqi kara ARGAMIISA isaatini tola eeba isa gumi isa garsiise.
  - Waaqi fula dandae chubbaaleyiin wolwoldau gumii isaatii mid'aase. Waaqi Adamu fi Hawai oobru Edeni keesa, argamiisa isa keessa gusse. Waaquma suni,

kha Gaara Sinaiti wolwoldauuni dad'aban, isumaati amma akka gumiin isa kara soriotin isaan wolwoldeettu tolche.
  - Waaqi kara ifsa jabduu ta jiddu khoola maleekati mullatuuni argamiisa isa garsiise.
  - Waaro woyyuma keesa, dallansuufi qulqulloma Waaqa ta jaalalaafi naasu Waaqatiini wolwoldeetu argina. Inni fula qulqulloomi isa jiraate ammalle toil eeba isa mullatu mid'aase.
  - Dallansuufi naasun Waaqa fula Waaro Woyyumaati wolwoldeetti.
  - Waaqi Israeli waliin jiraate akka worri mid'aagumma fi qajeelumsa fi ammalle qulqullomani jiraachu dandaan akka gummi wold'aqiisa qulqullo isa waliin qabdu.
  - Waaqi Haruni naasu guddo garsiise kha isaafi chubbaleyi d'ibiille akka worra Waaqafi gumi jiddu deemu tolche.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
  - Waaqi durumaati deeme gumi isa khopa baafate, gumii duraan ta Baasa kakhateefi.
  - Waaron Woyyuma Kristo Yeso kha Baasa tahe, akheeti.
  - Yesoni sorio qit'ooma qabdu tahu male waan wonti Mana Waaqa kees jira chufti qulqullo taatef.
  - Waaron Woyyuma Yerusalemu haareti, ta durana worri Waaqa d'ugeefatame kees jiraatu, akheeti.
  - Waaqi waan duri tahe kees bahe yaada isa kha baafama nu barsiisu fed'a.
  - Waaqi waan soriotifi akka isiini Kristo akheetu nu barsiisu fed'a.

**AKKAMIIN DANDEETTE ODUU TANAAFI TA ARMAAN DURATI D'AGEETEN WOLFAKEESITA?**

- Niiti fi bofa, Kainiifi Habili, Abrahamuufi Isaaqo, jila pasaka, odduun tutunini kara kamiini oduu sorio tanaan wolakheeti.

<u>**Waan ilme NAMA irra maan baranna?**</u>

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
  - Waaqi akka chubbichi isaan woli argufi kara d'eera deeme.
  - Waaqi seera sorio baasan kenne, waan Baasa durana d'ufu akheekha.
  - Waaqi ilme namaatini wolwoldau fed'a. Inni fula nu dandeenne isa arginuuni nuu kenne.

- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**

- o Yo d'iigi akka soorio jigu ch'ufa, akka ch'ubbun nama duiisan lafaati d'uftu kha gatiin isii duiisan baatu.
  - o Qaallun guddaallen ch'ubbicha kha soorio d'iiga qabaachu male.
  - o Ilmaan Haruni qajeelumsa Waaqa guutu didde ch'ubbu tolchite.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
  - o Waaqa ch'allaati dandae akka nami isaan wolargu tolchu dandaa. Nu kara Waaqa kha baafama guldeemuu malle.
  - o Qaalolellen kara Waaqa gulyaate.

<u>**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**</u>

- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti? (Fed'i Waaqatiifi yaada isa gula?)**
  - o Nami kara sorio d'iiga ch'allaani dandae gara Waaqa d'ufa, waan isaa bakka bu'a ch'allaan.
  - o Sooriooni qajeeltu ammalle qulqulliti tauu malte.
  - o Nami Waaqati ABDATE isa gula deemu male.

- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**
  - o Yo soorio baasu, nami akka ch'ubbicha mormachuuti hinjiru, ammallee abdi isa Baasa isa kha d'ufuuti jiru irra keeyata.
  - o Nu waan ch'ubbu teenna immormatiniifi ammalle waan Baasati d'ugeefanneefi, layyu baafama arganne.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>**:**

- Nu yo gari Waaqa himbarbaannu, marro waan malle ufi hinseenef. Maan faati akka nu akka wora male ufi hillaale nu tolcha?
- Nu dandeenne ufiin qit'ooma qulqullooma kha akka argamiisi Waaqa nuu male tolchitu, hind'aqamnu. Oduun Waaro Woyyuma tunini akka abdiin ilmeen nama dandeete Waaqan wolargituun kara soorio d'iiga qitt'e, fula teenna nuu baasan ch'allaa. Waaq ch'allaati dandae sorio qitt'e suni kennea. Inni kara Kristo Yesotin nuu kenne. **Waan kana d'ugeefachuuni kara kamiin akka nu dandeenne Waaqati abdanne, araara galle, isaati deebinu nu tolchiti?**

- Waaqi guyya ch’ufa gumii isa waliin jira, kara Waaro Woyyumaatin. Inni **ammaantanalle guyya ch’ufa** kara Yesotin nu waliin jira. Inni jireenna keenna kha guyya ch’ufa kees jiraachu fed’a- akka nu qajeelche, sagale nuu kenne, wold’aqiisa fi waan keenna ch’ufa kees jiraatu. **Karaan d’ugaan tunini dandeete jireenna kanke jijiirtun khami?**
    - Dandeette galataan sii d’ufti. Dandeette d’ugeefachaa sii ijaarti akka atin haala jajabaalle dabsattu. Dandeette akka atin araara galte qulqullooman guddattu. Akka atin dandeette nama d’ibiiti d’iyaattu.

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Waaqi arraalle gumii isa waliin jiraata ammallae inni sitii d’iyaachu fed’a. **Atin kara kamiini isa jireenna kanke irra fageesuti jirta?** Atin kara kamiin araara galte isaati d’iyaata laakuma inni sitti d’iyaatun?
- **Jireenna kanke keessati argamiisa Waaqatti d’ugeefachuuni,** haala atin kees bahuu jirtu keesati kara kamiin dandeete si qarqaarti?